Abidda bosonaa keessatti maal godhchuun qaba?

Oromo | Afaan Oromoo

Abidda bosonaa keessatti akkamiin ofii kiyya ittisuu danda'a?

1. Odeeffnnoo waa'ee abiddaa bosonaa dura, yeroo abidaa bosonaa fi yeroo abidda bosonaa booda nagaa kee eeggatuuf maal godhuu akka qabdu as ilaali; **www.alert.tas.gov.au/get-ready/bushfire**. Bakka tarree afaan barbaadan irra keessa gama mirgaa jiru deemii gadi harkisii afaan kee keessaa filadhu.

Aara abidda bosonaa irraa akkamiin of ittisuu danda'a?

Abidda bosonaa dura

1. Aarri abiddaa baay'een qilleensa keessa jiraatee dhukkuba si qabsiisuu kan dada'u tahe fala barbaadi. Kunis kan yoo ati:
    - asma (asthma) ykn dhukkuba sombaa kan biroo ni qabda tahe
    - dhukkuba onnee yoo qabaatte ykn dhahicha (stroke) qabaattee turte yoo tahe
    - dhukkuba shukaaraa yoo qabaatte
    - umriin kee 65 ol yoo tahe
    - umriin kee mucaa wagga 5 gadi yoo tahe
    - yoo ulfa taate.

Yoo umriin kee kan oltti ibsame keessa jiraate ykn haala olitti ibsame yoo qabaatte of eeggatuuf qilleensa keessatti fudhattu hanga isaa xiqqeessuu qabda.

migrant resource centre tasmania
UNIVERSITY of TASMANIA MENZIES Institute for Medical Research

Abidda bosonaa keessatti maal godhchuun qaba?

Yoo umriin kee kan kanaa ol jiru keessa hin jirree fi dhukkuba olitti ibsame hin qabdu tahe yeroo aarri abiddaa qilleensa keessa jirutti iji imimmaan si roobuu fi mata dhukkubbii qabaatuu dandeessa. Yeroo aarichi badu sitti fooyyawuu qaba.

2. Kan qilleensa siif qulqulleessu calaltuu HEPA (HEPA filter) kan of irraa qabu waliin bitatuu yaali. Yeroo inni kutaa kee xiqqaa keessaa banamu aara abiddaa qilleessan keessaa calala. Kun akka siif hojjatuuf balbala ykn ulaa fi foddaa kutaa keetii cufuu si barbaachisa.
3. App Madaaltuu Qilleensaa (AirRater) ittiin ilaaltu gadi buusadhuu itti shaakali. Kun qulqullinni qilleensa alaa maal akka fakkaatuu fi yeroo aarri abidda bosonaa baay'een qilleensa keessa jirutti Odeeffannoo siif kennuuf si gargaarsa.

Yeroo Abidda bosonaa

1. Qilleensa naannoo kee jiru faana bu'uuf app AirRater jedhu dhimma bahi. Yoo naannoon kee baay'ee 'Aaraan Guutee' ykn badee jira tahe (daalachaa'uu, gurraacha'uu, diimatuu ykn bildiimatuu (brown)) yoo tahe irraa of eeggatuu qabda. Kanas kara adda addaa godhuu dandeessa.
    - Balblaa (ulaa) fi foddaa cufadhuu mana keessa turi.
    - Qorichi fudhattu sitti dhihoo jiraatuu qaba (fakkeenyaaf qoricha asmaa afuuffattu).
    - Yoo qabaatte kan qilleensa siif qulqulleessitu kaasadhu.
    - Sochii qaamaa kee mana keessatti hojjadhu.
    - Yoo manni kee keessi aara abiddaa qabaate mana keessaa bakka qilleensi gaariin jiru turi. Bakkootiin diilalleessituu qilleensaa (air-conditioned) qaban, fakkeenyaaf bakki gabaa, mana kitaabaa (librabry) ykn sinimaa aarri abiddaa xiqqaa tahuu danda'a.
    - Yeroo qilleensi naannoo keetii aara abiddaa qabutti bakka qilleensa aaraa xiqqoo qabutti deemi. Yoo hiriyootni (saayibootni) ykn firootni kee naannoo aarichaa irraa fagoo jiru tahe tarii isaan bira turuu dandeessa.

Abidda bosonaa booda

1. Aara qilleensa keessa jiru beekuuf App Madaaltuu Qilleensaa (AirRater) dhimma bahi. Yeroo qilleensi naannoo kee 'Gaarii' (magariisa) (green) tahu qilleensi haaraan mana keessa akka galutti bani.
2. Hanga abiddi guutummaatti dhaamutti qilleensa naannoo keetii ittiin ilaalatuuf App Madaaltuu Qilleensaa (AirRater) dhimma bahi.
3. Erga qilleensa aara qabu keessatti fudhattee boodaa fi erga aarri badeen booda dhukkubbiin sitti fooyawuu dhabe doktora fayyaa kee bira deemi.
4. Fayyaa keetiif eeggannoo godhatuuf yeroo itti aanu maal wayyeessatuu akka qabdu muuxannoo kee dabre irraa yaadi.